Rabbii Yesuus Masiihi siirtii dhiienyaan karaa dache debiyee dhuufuudhaf. Ogotaa 2000 duuraa dachee kanara oduu jiiruu kaan goodhee (kaan seenee) abdee jeechaa kaana (Yoha. 14:1-3). Inii akkaa deebiyuu dhugadhaan akamitii kaan dhugaa beekuu dandenyaa? Inii Rabbii Yesuus zamanni dhumaa (saatii dhumee) kaan tanii (Intaa waan jeedheniif) gochotaa kaanduubatee raajii maloo dubisaa. Kaneen jeechotaa namusaan dubisuufi amaa dachee iratii kaan ta'a jiiraan jojjiiwaan (gochotaa) fi jeechootaa walii maadalchisaa Rabbii Yesuus kaan keenyaa kaan jiirenyaa ogotaa kaan dhugaa deebiyee akaa dhuufuu Indhugomsaa.

**1 Maqdasiin oduu hin Injigin**
Yesuus Beeytal Maqdas keeysaa bahee, odoo deemaa jiruu, barattoonni isaa ijaarsa darboota Beeytal Maqdas isa agarsiisuuf dhufan. Inni ammoo, "Isaan kanneen hundumaa ni agartu mitii? Dhugumaan isiniin jedha, odoo hin jigin, bakka tanatti dhagaan tokko illeen wal irratti hin hafu" jedhee ti deebiseefi. (Maat 24:1-2; Maar 13:1-2; Luqa 21:5-6). Kunii baraa 70ratii kaan dhugaa taeraa.

**2 Kaan dhufitiisaa milikkitaa**
Akkuma Yesuus Gaara Ejersaa gubbaa gadi taa'een, barattoonni kophatti gara isaa dhufanii ti, "Kun yoom akka tahu nutti himi! Milikkinni dhufa kee tii fi kan dhuma addunyaa tiis maali?" jedhaniin. (Maat 24:3; Maar 13:3-4; Luqa 21:7)

**3 Sobdonii Inkanii**
Yesuus deebisee, "Nam tokko illeen akka isin hin dogongorsiifne if eeggadhaa! Namoonni hedduun, 'Ani Masiihi' jechaa maqaa kiyyaan ni dhufu, namoota hedduus ni dogongorsiisu. Isin ammoo isaan jala hin deeminaa! (Maat 24:4-5; Maar 13:5-6; Luqa 21:8)

**4 Duulootaa fi kaan duulootaa oduu**
Duulaa fi oduu duulaa tiis ni dhageeysu, tun akka isin hin rifachiifne beekaa! Wanni akkanaa kun tahuun irra jira; ammoo dhumti addunyaa amma illee hin geenye. (Maat 24:6; Maar 13:7; Luqa 21:9)

**5 Ummannii kaan ummata irrattii duulootaa | Kaan dachee sossohuu | Beelisii | Dhiibewansii**
Ummanni ummata irratti, mootummaaniis mootummaa irratti ni kaka'u; abaarii fi, sossoohuun dachii tiis bakka adda addaatti ni tahu. (Maat 24:7; Maar 13:8; Luqa 21:10-11)

**6** Wanni kanneen hundinuu ammoo jalqaba cimiimmuu ti. (Maat 24:8; Maar 13:8)

**7 Abasaa kaan Kiirstanootaaf**
Ammoo if eeggadhaa; Kana hundumaa dura ammoo, isin ni qabu, isin ni arihatuus; isaan, yaa'ii garaa garatti dabarsanii isin ni kannu, manneen sagadaa keeysattiis ni garafamtu. Mana hidhaattiis dabarsanii isin ni kannu; Hogguus cinqitti dabarsanii isin ni kannu; isiniis ni ajjeesu; anaaf jecha fuula mootootaatti, fuula bulchoota biyyaattiis ni geeyfamtu. Kuniis, ragaa akka anaaf baataniif, carraa gaarii dha isiniif taha. (Maat 24:9; Maar 13:9; Luqa 21:12-13)

**8** Hogguu qabamtanii mana firditti geeyfamtan, maal jenna irratti duraan itti hin cinqaminaa! Duraan dursitanii, 'Maal jennee ti falmanna' jettanii cinqamuu hin baddinaa. Waanuma hogguma sanitti isiniif kannamu dubbadhaa malee; bar isinii mitii warri dubbattan, Ruuhal Qudusii tu dubbata malee. Ani kunoo, waan dubbattanii fi hikmaas, kanneen warri isinitti falaman tokko illeen dura dhaabbachuu fi faalleeysuus hin dandeenyeen isiniif kanna.

**9 Maatiwaan keesatii kadii**
Waytan san namoonni hedduun amantii irraa garagalu, obboleeysi obboleeysa du'aaf dabarsee ni kanna, abbaaniis ilmoo isaa, joolleeniis haawwan isaanii irratti aaqqawanii isaan ni ajjeesisu. firootaa fi saahibban keeysaniin dabarfamtanii ti kannamtu; joolleeniis haawwan isaanii irratti aaqqawanii isaan ni ajjeesisu. Maqaa kiyyaaf jecha hundinuu isin jibbu. Haa tahu malee, rifeensi mataa keeysanii tokko illeen hin badu. Rakkina obsuu keeysaniiniis, lubbuu teeysan ni eewaltu" jedhee ti isaaniif deebise. (Maat 24:9-10; Maar 13:12-13; Luqa 21:16-19)

**10 Jaalaltii Inqoritii**
Seera-dhablummaan waan hoddomaatuuf jecha, jaalalti nama hedduu dhaa qabbanaawaa ti deemti. Namni hanga dhumaatti jabaatee dhaabbatu ammoo najaa dha baha. (Maat 24:12-13)

**11** Saboota hundumaa irratti akka ragaa bahuuf jecha, Wangeelli Mootummaa kun guutummaa addunyaa irratti ni lallabama; achiin booda dhumti addunyaa dhaa dhufti" jedhe. (Maat 24:14; Maar 13:10)

**12 Kaan balesaa xaaharaa kaan Yerusaaleem**
Yesuus itti furee, "Yerusaaleem loltuu dhaan marfamtee hogguu agartan ammoo, diigamuun isii akka dhihaate beekaa. (Luqa 21:20). Yesuus itti furee, "Wayta jibbisiisaan bakka xaaharaa najisu, kan nabi Daani'el waa'ee isaa dubbate sun, bakka xaaharaa dhaabbatee agartan, namni kana dubbisu haa hubatuu! Hogguus warri Yihudaa jiran gara gaarotaatti haa baqatanii, magaalaa keeysa warri jiraniis achii haa bahan, baadiyyaa warri jiraniis magaalaa hin seenin. Namni abaada isaa keeysa jiru, deebi'ee waa fudhachuuf mana ol hin seenin. Lafa qotiisaa kan jiruus huccuu isaa fudhachuuf hin galin. (Maat 24:15-18; Maar 13:14-16; Luqa 17:31; 21:21). Ammoo dubartoota ulfaa tii fi warra hoosisaniif guyyoonni sun akkam sodaachisoo dha. Baqachuun keeysan wayta ganna keeysa yookiin guyyaa Sanbataa irra akka hin taaneef kadhadhaa! (Maat 24:19-20; Maar 13:17-18; Luqa 21:23). Namoonni habalee dhaan ni du'u, ammaas booji'amanii tiis saboota hundumaa keeysa geeyfamu; hanga waytiin isaaniif kannamte raawwatamtuttiis, saboonni qomoo Israa'el hin tahin Yerusaaleem ni daammacu" jedhe. (Luqa 21:24)

**13 Kaan Yaaqobii abasaa bara**
(Erm. 30:6-7)
Guyyoonni sun guyyoota rakkinaa ti tahu; rakkinni akkasii tiis, eega Rabbi lafaa uumee jalqabee hanga ammaatti takkaa hin taane, deebi'ee tiis hin tahu. Rabbi Gooytaan, guyyoota san odoo gabaabsuu baatee, namni tokko illeen irraa hin hafu ture; amma ammoo warra filatamoo, kanneen inni ifiif fileef jecha, guyyoota san ni gabaabsa. (Maat 24:21-22; Maar 13:19-20; Luqa 21:23). Wanni barreeyfame hundinuu akka raawwatamuuf jecha, guyyoonni sun guyyoota iqaabaa ti. (Luqa 21:22)

**14 Masiihonni kijibaa(sooba) tii fi nabiyyoonni kijibaa (sooba)**
Hogguus namni, 'Kunoo, Masiihi as jira! Kunoo, inni achi jira!' yoo isiniin jedhe hin amaninaa. Masiihonni kijibaa tii fi nabiyyoonni kijibaa ka'anii, odoo waan dandayamuuf taatee, warra Rabbiif filataman illee taanaan, dogongorsiisuuf milikkita gurguddaa fi mu'ujizaa hedduu ni agarsiisu. Isin ammoo akeekkadhaa! Ani kunoo duraan dursee waan hundumaa isinitti himee tiin jira" jedheeni. (Maat 24:23-24; Maar 13:21-23). "Yoo kan isaan, 'Kunoo, huffee gammoojjii keeysa jira' isiniin jedhan taate gadi hin bahinaa. 'Kunoo deeraa manaa keeysa jira' yoo isiniin jedhaniis hin amaninaa! Akkuma hangaasuun baha-biiftuu irraa hanga lixa-biiftutti ibsitutti, dhufti Ilma Namaa tiis akkasuma tahuuf taa'a. (Maat 24:26-27; Luqa 17:23-24).

**15 Milkkitootaa kaan Samaiwaanii**
Yesuus ammaas itti dabaluu dhaan, "Hiraarama guyyoota sanii booda, hogguusuma aduun ni dukkanooyti, jiini niis ifa isaa hin kannu; urjoonni samii irraa ni harca'u, haalli eemara bantii samii tiis ni roorra'u. haalli eemara bantii samii ni roorra'a. (Maat 24:29; Maar 13:24-25; Luqa 21:25).





Itti furee tiis, "Asxaan aduu, ji'aa fi urjoota irratti ni mullatti; goohaa fi wal-darbaa bahar irraa kan ka'e ummanni hundi ni muddama, waan godhuus ni wallaala. Namoonni waan lafa addunyaa irratti dhufaa jiru if irratti eegaa naasuun ni gaggabu, eemarri samii keeysaa tiis ni raafamu. (Luqa 21:25-26).

16 Hogguusi milikkinni Ilma Namaa samii keeysatti mullata; wayta san qomoon addunyaa hundinuu ni booyu; Ilmi Namaa tiis, kan duumeeysa samii irraa tiin, humnaa fi durrii ulfina guddaa dhaan dhufu ni arku. Inni, maleeykoota isaa samii irraa, sagalee garrii guddoo dhaan wajjiin erga, isaan ammoo warra Rabbiif filataman, suduuda afran bubbee irraa, xarafa bantii samii gama tokkoo irraa hanga gama kaanii irraa hiis walitti qabu" jedhe. (Maat 24:30-31; Maar 13:26-27; Luqa 21:27).

17 Kun hundinuu hogguu tahuu jalqabu, ka'aa tii dhaabbadhaa mataa keeysaniis ol qabadhaa laalaas; najaa bahuun keeysan, kunoo dhihaatee ti jira" jedhe.

18 Eegasii Yesuus fakkeenya kana isaanitti hime, "Muka habruu tii fi mukkeen hundumaa laalaa. Hogguu isaan baala lalisan, birraan akka dhihaate ni hubattu. Akkasumatti isiniis hogguu wanni kanneen hundinuu tahuu isaanii agartan, Mootummaan Rabbii akka dhihaatte beekaa. akka inni balbalatti dhihaate beekaa! (Maat 24:32-33; Maar 13:28-29; Luqa 21:29-31). Yesuus ammaas itti dabalee, "Guyyicha sanii fi za'aa san ammoo Abbaa kiyya qofaa tu beeka malee, maleeykoonni samii illeen, Ilmi niis tokko illeenuu hin beekan. (Maat 24:36; Maar 13:32).

19 Bara Nohi, akkuma tahee turetti, bara dhufa Ilma Namaa tittiis akkasuma tahuuf taa'a. Bara dabre san bishaan badiidhaa dura, hanga guyyaa Nohi markaba seenetti, namoonni nyaachaa, dhugaa, fuudhaa, heerumaa tiis turan.

TV Angel daawwadhaa

Satellite : INTELSAT 20 (IS20)
Orbital Location : 68.5° East
Band : Ku-Band
Downlink Frequency : 12.522 GHz
Polarization : Vertical
Symbol Rate : 27.500 Msps
FEC : 3/4
Modulation : DVB-S, MPEG-2 / SD
Coverage Area : AFRICA & EUROPE

Isaan hanga guyyaa bishaan badiidhaa dhufee hunduma isaanii haree deemutti, odoo hin beekin akkuma turan sanitti, ammaas bara dhufa Ilma Namaattiis akkasuma tahuuf taa'a. (Maat 24:37-39; Luqa 21:26-27).

20 Bara Looxis akkanuma tahee ti ture, namoonni nyaachaa, dhugaa, bitaa, gurguraa, unkura dhaabaa, manaas ijaaraa ti turan. Guyyaa Loox Sodoomii bahe ammoo, ibiddaa fi dhagaan bobawu, samii irraa isaanitti gadi roobee hunduma isaanii ni fixe. Guyyaa Ilmi Namaa itti mullatuttiis akkanuma taha. (Luqa 17:28-30).

21 Niitii Loox yaadadhaa! Namticha lubbuu isaa jiraachifachuu barbaade, lubbuun isaa duraa fudhatamti; lubbuu isaa kan kannu ammoo isii ni jiraachifata. (Luqa 17:32-33).

22 Ani isinittiin hima, halkan san, namoonni lama siree takka irra rafu, inni tokko ni fudhatama, inni kaan ammoo ni dhiifama. Dubartoonni lama wajjiin dhagaa tokkotti daaku, isiin takka ni fudhatamti, isiin taan ammoo ni dhiifamti. [Namoonni lama lafa qotiisaatti arkamu, inni tokko ni fudhatama, inni kaan ammoo ni dhiifama]" jedhe. (Maat 24:40-41; Luqa 17:34-36). As irratti barattoonni isaa, "Eeysatti, yaa Gooftaa?" jedhanii gaafannaan, inni ammoo, "Bakka raqni jirutti, hamarraan wal geeysi" jedhee ti isaaniif deebise. (Maat 24:28; Luqa 17:37).

23 **Kaan Qooboftaan fi kaan Kadhatan ta'a**
Kun akka nama mana isaa dhiisee, imaltuu fagoo dhaquuf ka'ee ti. Inni hojjatoota isaa tiif itti gaafatama kannee, matumatti hojii adda addaa isaanitti kanne; karra eeyduu dhaan ammoo 'Hin dagatin dammaqi!' jedhee ti ajaje. Eegasuu dammaqaa! Abbaan manaa yoom akka dhufu, galgala dhufaa fi halkan waarii dha dhufaa, iyyansa lukkutti dhufaa fi ganama dhufaa hin beeytan. Dingatuma dhufee, odoo isin rafaa jirtanii akka isin hin agarre, (Maar 13:34-36).

Local Contact Address

24 Abbaan manaa halkan keeysaa, za'aa hattuun itti dhuftu odoo beekee, qophaawee eeguu dhaan, mana isaa cabsuu itti hin dhiisu ture; mee dubbii tana keeysa gadi laalaa! Haaluma kanatti; Ilmi Namaa za'aa, ni dhufa jettanii itti hin eeynetti waan dhufuuf jecha, isiniis warra qophooytan tahaa!" jedheeni. (Maat 24:43-44).

25 Yesuus hogguus, "Kordiidummaanii fi farshaanuun, ammaas cinqii addunyaa tiiniis, onnee teeysan isin da'iifsee, guyyaan sun isin dagee akka hillimatti qacam akka isin hin goone if eeggadhaa! Akeekkadhaa, dammaqaas! Za'aan sun yoom akka geeysu hin beeytan. Akkuma kanatti namoota guutummaa addunyaa irra jiraatan hundumatti dingata dhufa. (Maar 13:33; Luqa 21:34-35).

26 Wayta hundumaa dammaqaa, waan tahuuf deemu kana hundumaa jalaa bahuu fi Ilma Namaa duraas dhaabbachuuf humna akka arkattaniif kadhadhaa" jedheeni. (Luqa 21:36).


27 "Dhugumaan isinitti hima, wanni kanneen hundinuu hanga raawwatamanitti dhaloonni ammaa kun hin dabru. Samii fi dachiin ni dabru; qoowliin tiyya ammoo gonkumaa hin dabartu" jedhe. (Maat 24:34-35; Maar 13:30-31; Luqa 21:32-33).

**Guudichaa Goofataa Rabbii**
**Yesuus Masiihiin kaan akkabaramee**
**shagaa barcuma mootummaa kaan taa'e**
**kaan qulqulloota maleeykoota**
**fi qulqulloota isaa akabaramee Guudiichaa**
**ciimiinaan akabaramee guudaa dhiiyatee**
**ayiiliidhaan akabaramee saatii lamatatiif**
**deebiyee dhuufuudhaaf.**

**Kunoo, wayti Rabbi firdii isaa**
**itti kannu waan geeyseef jecha, isa sodaadhaa,**
**ulfinaas kannaafi! Isuma kan samii fi dachiis,**
**ammaas baharii fi burqitoota**
**bishaanii tiis uumeef sagadaa!**
**(Mullata Yohannis 14:7)**

**Saatiin Kaan boodaa Intuuruu!**
**Mootummaan Saamayiin Amaa dhihaatteeraa.**
**Toowbadhaa Wangeelaa kaan Amanaa.**

**Rabbii Waaqqayyoo Keechaan Argaachudhaaf qoobaa!**



# Kaan Waaqqayyoo Mootummaa Wangeelaa

**OROMIFAA | ETHIOPIAN**